Kaardii talaallii COVID keessan argatan: *Amma Maalidha?*

Talallii COVID-19 yommuu fudhattan, fudhachuu keessan kan agarsiisu kaardii talaallii ni fudhattu. Sirnaan olk'aa! Akkuma kiredit kaardii, waraqaa ragaa konkolaachisummaa yookin paaspoortitti eeguu qabdu. Kaardin keessan beellama isin yaadachiisuf qofa miti kan isin tajaajilu: deemsa (travel), sagantaa hirmaachuu yookin talaallii dandeettii dhibee ittisuu ol guddisu (booster dose) fudhachuu yoo feetan akka galmee seera qabeessatti isin gargaara.

Biizinasiiwwan Washington keessatti argaman namoota **talaallii guutuu fudhachuu isaanii ragaa qabatamaa** dhiyeessaniif, fayidaalee akka gatii gadi hir'isuu, kennaawwan bilisaa yookin sagantaalee irratti iddoo adda ta'e dursanii qabuufii fa'aa ni kennu. Fayidaalee addaa argachuu waan dandeessaniif kaardii talaallii keessan sirnaan qabaa.

Waa'ee kaardii talaallii keessan sirnaan qabuu ilaalchisee odeeffannoowwan barbaachisoo armaan gadii ilaalaa:

- **GODHAA** kaardii talaallii keessan hanga talaallii marsaa hundumaa fudhattanittis ta'ee sana booda sirnaan qabuu qabdu.
- **GODHAA** kaardii talaallii keessan duraa fi duuban koppii gochuun of harkatti qabadhaa. Albamii uumun, yookin yeroo barbaaddan salphaatti akka argachuu dandeessanitti suura kaastan sana taagii/mallattoo itti gochuun e-mail keessan irratti ergaa.
- **GODHAA** tokko of harkatti qabachuu yoo barbaaddan suura kaasaa.

- **HIN** gatinaa yookin buusinaa!
- Kaardoo keessan agarsiisaa suura kaatanii onlaayinii **HIN** maxxansinaa. Bakka isaa suura of kaasudhaan **Istiikarii dijitaalaa** keenya fayyadamaa #vaccinateWA yookin #wadoh barbaadudhaan! @WADeptHealth taag gochuu hin dagatinaa.
- Kaardii keessan orijinaala isaa laamineet **HIN** godhinaa. Koppii isaa of harkatti qabchuudhaf laaminet gochuu ni dandeessu.

Kaardii talaallii CDC (Wiirtuu Ittisaa fi To'annoo Dhibee) hin qabdan yoo ta'e maaltu ta'a?

Kaardii keessan iddoo keessan yoo dagattan yookin yoo gattan, hin yaadda'inaa! Kaardii talallii COVID-19 kan seera qabeessa fi bilisa ta'e marsaa intarneetitiin ni argatti. Marsariitiin MyIR naannoo Washington keessatti talallii fudhachuu kan agasriisu marsariitii seera qabeessa. Koppii isaa argachuudhaf, **www.MyIRmobile.com** yookin **wa.MyIR.net** daawwadhaa akkasumas bilisaan galmaa'aa. Duraanuu akkaawuntii MyIR baname qabdu taanan, xumurtaniirtu/qophooftaniirtu jechuudha!

**Karaa MyIR mirkaneessun hatattamaan isiniif xumuramuu dhiisuu akka danda'u hubadhaa, akkasumas ammaaf argachuun kan danda'amu afaan Ingiliffaa qofaani.*

Deeggarsa afaanif yookin galmeewwan (records) keessan argachuudhaf, sa'aatii idileetti 360-236-3595 irratti Office of Immunization and Child Profile (Biiroo Talaalli fi Pirofaayilii Daa'immaa) Washington State tti bilbiluu ni dandeessu yookin **waiisrecords@doh.wa.gov** irratti email dhaan qunnamuu ni dandeessu.

Washington State Department of Health

DOH 348-809 May 2021 Oromo
Dookumentii kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 tti bilbilaa.
Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.